Kutaa 2

Bineensota

Leveled

Bineensota

Leveled | Kutaa 2

Kitaabni deeggarsaa kun gargaarsa maallaqaa Dhaabbata ‘USAID’ irraa argameen,walta’iinsa Dhaabbata ‘Save The Children’, Ministeera Barnootaafi Biiroo Barnootaa Oromiyaatiin qophaa’ee kan maxxanfamedha.

Bara 2008/2016

The CC By license lets others distribute, adjust, and build upon this work, for free or commercially, as long as credit is given to the original creation. However, any changes from the original must be indicated.

For more info please refer: https://creativecommons.org/licenses/

Biyya keenya keessa akaakuu bineensota adda addaatu jiru.



Bineensota marga dheedan: arba, gafarsa, borofa, sattawwaafi gadamsafa'i.

Bineensota foon nyaatan: waraabessa, leenca, qeerransaafi yeeyyiifa'i.

Bineensota margaafi foon nyaatan: jaldeessafi hantuutaafa'i..

Bineensota foon isaanii nyaatamu: bosonuu, kuruphee, warabboo, gadamsafa'i.



Bineensota foon isaanii hinyaatamne: weennii, arba, leencafi qeerransafa'i.

Bineensota kalaadaa qaban: goljaa, booyyee, karkarroofi kan kana fakkaatan.

Kan gaafa qaban: borofa, gadamsa korma, kuruphee kormaafi, saalaafa'i.

Bineensota muka irra galan: jaldeessa, qamalee, weennii, osoleefi kan kana fakkaatan.

Kan boolla keessa galan: dhaddeefi awwaaldiigeessafa'i.



Bineensota halkan adamsan: waraabessa, dhaddee, booyyeefi kan kana fakkaatan.



Bineensota guyyaa adamsan: jeedala, qeerransa, leencaafi jaldeessafa'i.